Qabeenyota Ragaa ijaa

Yeroo balaa tasaa weerara KOOVID-19 itti gochoonnii jibbaa AAPI irratti taasifaman baay'achuu isaanii cinaatti dogoggora tokko illee yoo argitan maal gochuu akka qabdan beekuun barbaachisaadha. Rakkoo kana furuudhaaf, Asian Americans Advancing Justice fi Hollaback! jajjabeessaa jiran Eeblaa fi Caamsaa kana keessatti yaa'iwwan leenjii giddugaltummaa namoota bakka sana turanii qopheessaa jiru. Leenjii kanaaf galmaawuudhaaf, fuula Leenjiiwwan varchuwaalii Bystander Interventiondaawwadhaa.

Hollaback! Qabeenyota Bystander Intervention, "5 Ds of Bystander Intervention." barsiisuudhaan.

BITTINNEESSUUN giddugaluudhaaf karaa dhokataa fi kalaqaawaa ta'edha. Asitti karoorri isaa dhimma sana addaan kutuudhaan irraanfachiisuudha. Yaadichi cunqursitoota tuffachuudhaan kallattiidhaan nama ilaamame sana waliin hirmaachuudha. Waayee cunqursaa hin dubbatiinaa yookin hin akeekiinaa. Bakka isaa, waayee waanta guutuummaan guutuutti isaan wal-hin qabannee dubbadhaa. kan armaan gadii yaaluu dandeessuu:

- Waan badee fakkeessaa. Yeroo isaa gaafadhaa. Nama cunqurfame sana akka waan beektanii fakkeessaa. Waayee waanta isinitti dhufee tokko itti dubbadhaa akkasumas xiyyeeffannoo cunqursitoota sana irraa fudhadha.
- Karaa irratti seenaa. Waanta hojjechaa turtan itti fufaa, garuu gidduu cunqursaa fi nama miidhame sanaatti argamaa.
- Akka tasaa osuma beektanii buna keessan, jijjiirraa kiisii keessan keessa jiru gara lafaatti gadi naqaa yookin jeequmsa uumaa.

Dhugaatti, haala jiru dubbisaa akkasumas mala Jeequmsaa keessan haala sirriidhaan filadhaa. Namni ilaamame sun carraan qabinsa isaa bal'aadha, akkasumas gochi yookin ibsi keessan haala jiru caalmaatti itti cimsa jennee yaadna.

IDDOOMSI gargaarsaf, qabeenyaaf yookin nama sadaffaa irraa deeggarsa yeroo barbaaddanittidha. Fakkeenyonni waanta isin gochuu dandeessani kunooti:

- Suparvaayizaraa kuusaa shaqaxaa, konkolaachisaa baasii, yookin hojjetaa tiraanziitii (gejjiba daddabarsii) argachuudhaan akka gidduu galan gaafadhaa.
- Yoo mana barumsaa itti dhiyoo jirtu ta'e, barsiisaa yookin nama teessoo fulduraa irra jiru qunnamaa. Kaampaasii kolleejjii irratti, waardiyyoota kaampaasii yookin nama teessoo gamoo yuunivarsitii fulduraa irra taa'u qunnamaa.
- Yeroo nama bakka buutan argitanitti, nama miidhame sana waliin haasawuudhaaf hiriyaa keessan waamaatii akka isaan mala yaadaa ittin bittinneessan (Fkn. yeroo, kallattiiwwan gaafachuu, yookin haasawoota cunqursaa waliin wal-hin qabanne itti dadarbachuu) akka fayyadaman taasisaa.

- Nama isin cinaa jiru kan waanta ta'aa jiru habatu akkasumas gidduugaluudhaaf haala gaarii irra jiraachuu malu tokkotti dubbadhaa. Waliin hojjedhaa.
- 311 irratti bilbilaa yookin 911 gargaarsaaf gaafadhaa (yoo nagaa ta'e). 911 osoo hin qunnamiin dura, akka isin waan kana gootaniif barbaaduu isaanii mirkaneeffachuudhaaf nama ilaamame sana waliin eegaluudhaaf Yaada Biittinneessuu fayyadamaa. Namoonni muraasni giddugalumsaa dirqisiisii seeraa waliin tarii itti hin gammadani yookin nageenyi itti dhagahamuu dhiisuu mala. Namootaa fi hawaasa baay'eedhaaf, Seenaan hojii irra oolmaa seeraatiin haala sirrii hin taaneen ilaalamuu gara sodaatti, akkasumas jiddugalumsa poolisii irratti gara amantaa dhabuu itti qajeelchaa jira, akkasumas haala qilleensaa yeroo kanaa jalatti, hawaasota baay'eetu jiru, kanneen akka namoota hin galmoofne, kannen tarii harka poolisii keessatti nageenya gadi-aanaan itti dhagahamu danda'an fa'aa. Haalota murtaawan keessatti, haala isa kamiin gara namichaa qaqqabuu dhiisuu dandeessuu, haalicha irratti hundaa'uudhaan, murtee filatamaa keessan fayyadamuu dandeessu.

mudannoon akkuma nama sanarratti mudateen waraabuun bu'aa qabeessa ta'uu danda'a, garuu haala nageenyi isaa eegamee fi itti gaafatamummaadhaan guutameen roorrisa jiru kana **GALMEESSUU** dhaaf waantota baay'eetu jiru. Odeeffannoowwan dabalataaf waraqaa akeekaa kana RAGAA irraa ilaalaa.

Jalqaba, haala jiru qoradhaa. Nama dunqurfame sana namni gargaaraa jiru jiraa? Yoo hin jiru ta'e, D wwan sadan keessan isa tokko fayyadamaa. Yoo namni wayii dursee gargaaraa jira ta'e, nageenya keessan qoradhaa. Yoo nagaa taatan, itti adeemaatii waraabuu(riikoord) gochuu eegalaa Yeroo hundumaa nama cunqurfamee ture sana waraabbii kanaan maal akka gochuu barbaadan gaafadhaa. Oonlaayinii irratti poost hin godhiinaa yookin eeyyama isaanii malee hin fayyadamiinaa. Waan kanaaf sababoota baay'eetu jiru. Cunqurfamuu yookin jeeqamuun muuxannoo baay'ee gadi nama qabudha. Suura yookin viidiyoo gabaabaa nama miidhame sana eeyyama nama sanaa malee fayyadamuun namni sun akka irra caalatti humna dhabu isa taasisa. Yoo suursagaleen waraabame sun baay'inaan tamsa'e, miidhaa irra caaluu akkasumas gara sadarkaa mul'inaa tarii namni sun hin barbaadne itti geessuu danda'a. Akkasumas, suursagalee eeyyama nama miidhamaa sanaa malee maxxansuun muuxannoo isaanii ifatti baasuu danda'a - waanta guutummaadhaan gara rakkoowwan seeraa itti geessuu ta'uu danda'a, keessumaayyuu yoo gochi cunqursaa yookin miidhaa karaa muraasaan kan yakka of keessaa qabu yoo ta'e. Kunisa tarii karaa mijaawaa hin taaneen sirna seeraa waliin hirmaachuudhaaf dirqisiisuu mala. Dhumarratti, muuxannoon kun baay'ee cinqisiisaa ta'uu danda'a. Muuxannoo nama biraa kan baay'ee nama naasisu eeyyama isaanii malee ifatti baasuun karaa kamiyyuu ragaa ba'aa bu'aa qabeessa akkasumas kan fayyadu ta'uu hin danda'u.

Tarii miidhaa ta'aa jiru sana irratti waanta ta'aa jiruu yookin miidhamaa sana irra gahaa jiruuf maqaa moggaasuun **BATTALUMATTII DEEBII** LAACHUU dandeessu. Tooftaan kun kan balaa qabu ta'uu danda'a: namni miidhaa sana gaggeessaa jiru balleessaa isaanii gara keessanitti naanneessuu akkasumas haala jiru babal'isuu danda'u. Kallattidhumaan deebii kennuuf murteessuu keessan dura haala jiru gamaggamaa: qaamaan bakka nagaa jirtuu? Namni miidhamaa jiru sun qaamaan nageenya qabaa? Haalli jiru kan babal'atu hin fakkaatuu? Namni miidhame sun akka namni biraa ol-kaasee isaaf dubbatu

barbaaduu isaa beekuu dandeessuu? Gaafiiwwan kana hundaaf eeyyee jettanii deebii kennuu yoo dandeessan tarii deebii sirrii ta'e filachuu ni dandeessu.

Kallattiidhaan jidduugaluu yoo filattan nama miidhaa sana geessise sanatti wantonni muraasni isin itti dubbachuu dandeessan:

- “Kunis kan ta'uu hin qabne, kabaja kan hin qabne, gaarii kan hin taanee fi, k.k.f”
- “Qofaatti isaan dhiisaa.”
- “Innis Jibba qunnamtii saalaa walfakkaataa, sanyiin nama qooduu, (gosa haleellaa sanaa galcha), kkf.”

Asitti waanti baay'ee barbaachisaa ta'e gabaabaa fi akka gabaabaa ta'u gochuudha. Akkaataa haalonni ittiin dabaluu danda'an waliigalteen, falmiin akkasumas mormiidhaan hirmaachuuf yaalaa. Yoo namni roorrisu sun deebii kenne, roorrisaa sana waliin haasawuu caala nama itti roorrifame sana deeggaruuf hanga dandeessan yaalaa.

Kallattiidhaan jidduugaluun balaa qabaachuu danda'a, kanaafuu isa kana of-eeggannoo dhaan fayyadamaa.

Yeroo ammaa kanatti ejjennoo fudhachuu baattan iyyuu dhugaa isaa booda, isaan irratti ilaaluudhaan nama miidhame sanaaf jijjiirama fiduu ni dandeessu. gosootni haleellaa baay'een karaa darbuun yookin ariitii guddaadhaan mudatu, yeroo kanatti haalichi hanga xumuramutti eeguu fi yeroo sanatti nama ilaammiin irratti godhame sana haasofsiisuu dandeessu. Tooftaa **DELAY** si'aayinaan fayyadamuudhaaf karaaleen muraasni kunooti:

- Nagaa ta'uu isaanii gaafadhaa akkasumas waanti kun waan isaan irratti mudateef akka gadditan itti himaa.
- Karaan isaan ittiin gargaaruu dandeessan kamiyyuu yoo jiraateef gaafadhaa.
- Bakka gahumsa isaaniitti gaggeessuuf dhiyeessaa yookin yeroo gabaabaaf isaan waliin taa'aa.
- Qabeenyota isaan waliin qooddadhaa akkasumas yoo barbaadan gabaasa akka godhaniif gargaarsa dhiyeessaafii.
- Yoo mudannicha galmeessitaniittu ta'e, akka isaaniif ergitan yoo ni barbaadu ta'e gaafadhaanii.

***Yaadannoo waayee nageenyaa:** yeroo nama gargaaruuf yaaltanitti nuti gonkumaa akka miidhamtan hin barbaadnu. Yeroo hunda waayee nageenyaa yaadaa akkasumas carraawwan isin yookin nama biraa balaaf saaxiluu danda'an ilaalcha keessa galchaa.